# XIINXALA FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA

# *LOOKOO*

HAANNAA TARFAASAA

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUUTTACHHUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII

KOLLEEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

XIINXALA FAYYADAMA AFAANII ASOOSAMA

*LOOKOO*

QORATTUUN: HAANNAA TARFAASAA

GORSAAN: AMAANU’EEL ALAMAYYOO (PhD)

WARAQAA QORANNOO DIGIRII BAACHILARII AARTII

AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI QUUNNAMTII

GAMISAAN GUUTTACHUUF DHIYAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OG-BARRUUFI FOOKLOORII

KOLLEEEJJII NAMOOMAA, QO’ANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSIITII FINFINNEE

FULBAANA, 2014/2021

FINFINNEE

# Qabiyyee

**Baafata** **Fuula**

Galata ... i
*Axereeraa* ... ii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ... 1
1.1 Ariirrata Qorannichaa ... 1
1.2. Ka'uumsa Qorannichaa ... 2
1.3. Kaayyoo Qorannichaa ... 3
1.3.1. Kaayyoo Gooroo ... 3
1.3.2 Kaayyoo Gooree ... 3
1.4 Faayidaa Qorannichaa ... 3
1.5 Daangaa Qorannichaa ... 4
1.6. Hanqina qorannichaa ... 4
1.7. Saxaxa Qorannoo ... 4
1.7.1. Madda Odeeffannoo ... 5
1.7.2. Mala Iddattoofi Iddatteessuu ... 5
1.7.3. Mala Odeeffannoon ittiin Funaanaman ... 5
1.7.4. Malleen Xiinxala Ragaalee ... 5
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU ... 6
2.1. Fayyadama Afaanii ... 6
2.2. Fayyadama jechootaa ... 7
2.2.1 Jechoota ergisaa ... 9
2.2.2. Jechoota Loogaa ... 10
2.3 Malleen Dubbii ... 10
2.3.1 Gosoota Malleen Dubbii ... 11
2.3.1.1 Akkasaa ... 12
2.3.1.2 Iddeessaa/ Bakkasaa ... 12
2.3.1.3 Nameessa ... 13
2.3.1.4 Arbeessuu ... 14

2.3.1.5 Fakkoommii ....................................................................................................14
2.3.1.6 Sobdhugaa/Eemiti ...........................................................................................14
2.4. Mammaaksaa ...........................................................................................................15
2.5. Jechamoota ..............................................................................................................15
2.6. Sakatta’a Barruu walfakkiii ......................................................................................16
BOQONNAA SADII: QAACCESSA RAGAALEE ........................................................18
3.1. xiinxala Malleen Dubbii ..........................................................................................18
3.1.1. xiinxala mala dubbii Akkasaa .............................................................................18
3.1.2. Bakkasaa .............................................................................................................19
3.1.3. Arbeessuu ............................................................................................................20
3.1.4. Eemittii (Mithee) ................................................................................................21
3.1.5 Nameessuu ............................................................................................................21
3.2 Jechoota Ergisaa .......................................................................................................22
*3.2.1.* Jechoota Ergisaa Afaan Amaaraa keessaa fudhataman ........................................23
3.2.2 Jechoota Afaan Ingilizii keessaa fudhatame .........................................................24
3.3.Fayyadama Mammaaksaa .........................................................................................25
3.4.Jechamoota ................................................................................................................27
BOQONNAA AFUR: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ...........................................29
4.1. Cuunfaa ....................................................................................................................29
4.2. Argannoo ..................................................................................................................30
4.3 Yaboo .........................................................................................................................31
Wabiilee ..........................................................................................................................32

# Galata

Hunda dura waaqa na uumee, na jiraachisee sadarkaa kanaan na ga'eef galanni haatahu. Dandeettiifi gargaarsaa waaqaan har'a gahee, guyyaa kana arge.

Itti aansuun gorsaa koo nuffifi dadhabbii tokko malee ogummaa isaanii osoo hiqusatiin na qajeelchaa turan, Amaanu'eel Alamayyoo (PhD) galanni ani isaaniif qabu guddaadha. Ulfaadhaa.

Maatii koo kallattii garaagaraan na guddisuu irraa eegalanii hanga ani baradhee sadarkaa kana gahutti nagargaaraa turan abbaa koo obbo Tarfaasaa Tolaafi harmeeekoo aadde Taabotee Hayiluu akkasumas, hiriyoota koo kallatti garaagaraan na gargaaraa turtan galateeffachuun barbaada.

## *Axereeraa*

*Kaayyoon qorannoon kana fayyadama afaanii asoosama* **Lookoo** *xixaluudha.As keessatti malleen dubbii, jechoonni ergisaa, mammaksonnifi jechamoonni adda baafamuun xiinxalamanii jiru. Qorannoo kana geggeessuuf kan qorattuu kakaasee, muummee kanatti qorannoon mata duree kanaan walqabatan muraasatuu geeggeeffamee jira. Kanarra kahuun qorattuun milkaa'ina hojii kanaaf kitaabni asoosama* **Lookoo** *akka madda raga tokkoffaatti tajaajilun ragaan as keesatti aragamu mala sakatta'a dookumentiin sakatta'amee jira.Akkasumas iddattoon akkayyootti dhimma baheera.Malleen dubbii keessaa kanneen akka akkasaa, bakkasaa, nameessuu, eemitii, fa'aa xiinxalamaniiru.Jechoonni afaan Amaraafi Afaan Ingilizii keessaa as keessatti argaman adda baafamuun xiinxalamaniiru. Mammaksonni tajaajila garagaraafi olaan asoosama kana keessatti kan argamani yemmuu tahu, jechamiinnis xiinxalamanii jiru.*

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Ariirrata Qorannichaa

Wantoonni addunyaa kana irratti dhalli namaa bineensa irraa adda bahee akka jiraatu godhan keessa inni guddaa fi jalqabaa afaaniin dubbatanii waliigaluu isaanidha.Afaan meeshaa wal qunnamtii dhalli namaa bifa sagalee dubbiitiin itttiin walii galuudha.Kun immoo dhalli namaa uumama biroorraa addaan bahee akka beekamuu fi dhalli namaa filatee jireenya akka gaggeessu taasise.Kanaafuu walitti dhufeenya hawaasummaa keessatti afaan gahee guddaa qaba.Kanuma ilaalchisee ( Beekan,2015:2) akka ibsutti, afaan kan miseensonni hawaasaa qofti ittiin waliigalan akka tasaa kan argame, sagaleewwan qaamolee dubbiitin uumaman ittiin kan dhimma bahuuf seeran kan qindaa’e ta’uu ibsa. Yaadni kun afaanitti kan gargaaramee waliigalu dhala namaa akka taheefi uumamni afaanis osoo itti hinyaadiin akka uumaman agarsiisa.Miseensota hawwaasaa qofa yoo jedhamu; dhalli namaa bineensota irraa addaan bahanii beekkaman, kan waliin jiraatan qofti ittiin yaada isaanii wal jijjiirratan, akkasumas ittiin wal gargaaran yoo ta’u, afaan kunis osoo itti hin yaadamin dhalli namaa qofti ittiin dhimma bahuuf kan uummatan jechuudha. Afaan uumame kunis bifa sagalee dubbiitti kan dhimma bahuufii haala uumamsa mataa isaa kan qabuudha.

Yaaduma kana irratti akka Addunyaa (2012:1 ) ibsetti, Hayyoonni tokko tokko afaan dhalli namaa sagalee dubbii walitti qindeessuuun kan ittiin dhimma walii gal meeshaa walqunnamtiiti jedhu. Kaan ammoo,afaan mallattoo afaan mallattoo eenyummaa jechuun yoo hiikan, afaan baattuu aadaati jedhanis jiru jedha.Akka yaada kana irraahubannutti afaan meeshaa wal qunnamtii kan sagaleetti dhimma bahu ibsituu hawaasaa fi kan aadaan hawaasaa ittiin mul’atu, akkasumas ittiin agarsiifamu jechuudha. Dhalli namaa eenyummaa isaa ittiin ibsachuuf,aadaa isaa ittiin agarsiifachuuf,fedhii fi hawwii isaa ittiin guutachuuf,afaanitti fayyadama. Ilmi namaa hawaasa keessa jiraatu keessatti wanta keessa isaa jiru baasee ibsachuuf, taatewwan seenaa darbaniif ammaa walbira qabanii dabarsuuf afaanitti fayyadamee dhimma ba’a.kanaafuu ergaa yookin yaada karoorfame tokko sirriitti kallattii yaadameen galma isaa geessisuuf fayyadamni afaanii murteessadha.Keessumaa immoo barreeffama keessatti dubbisaafi barreessan alkallatti waan wal arganiif barreeffamni tokko yaada barreessaa haala gaarin dubbisaa biraan ga’uuf afaan ittiin barraa’e sun seera afaanichaa eegee sirriitti yoo qindaa’edha.

Fayyadama afaanii jechuun seera xiinqooqaa afaanii keessatti,haala hojii irra oolmaa xiinsagaa, xiinjechaa,xiinhimaa, xiinhiikaafi loogawwan garagaraa ittin hawaasa tokko keessatti hubatamanidha. Akkasumas afaan hawaasni dhimma tokkoof kennuufi maal maalin walqabsiisee akka ibsu kan calaqqisiisudha. Keessumattuu seera fayyadama afaanii keessatti waan ibsuu barbaadame maalitti dhimma bahamanii akka ibsaman kan ifa taasisudha. Dabalataanis jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti, dhimmi tokko yeroo ibsamu darbuufi ta'uu afaanitti fayyadaman garaagarummaa qabaachuu danda'a.kunis haala waamicha yookin moggaasa waan tokkoo keessatti afaan itti fayyadaman jiraachuu danda'a. Kun immoo akka walii galaatti fayyadama afaanii jedhama.

Fayyadamni afaanii, dhimmoota siyaasaa,diinagdee,amantii,adaada fi hawaasummaa keessatti haala garagaraan waamamuu danda'a.Karaa biro immoo fayyadamni afaanii, jiruufi jireenya dhala namaa keessatti komii, shakkii, jajuu, mormii,bashannana,gadda,gammachuu fi waan kana fakkaatan hawaasni ittin dhimma ba'udha. Kanaafuu fayyamni afaanii jireenya dhala namaa keessatti,dhala namaa irraa osoo adda hin bahin kan jiraatu fi jireenya guyyuu dhala namaa wajjin kan walsimatudha(Beekan,2015:2-7).

Rakkoowwan hanqina fayyadama afaanitiin wal qabatanii ka'an keessaa,ergaa barreeffamichaa kallattii barbaadameen dabarsuu dhadhabuun dubbistoonni dogoggora hubannoof saaxilamuu, barreeffamichi jaalatamuu dhabuun isaan murteesadha.Kanaafuu rakkoowwan akkanaa kana hambisuuf ogummaa fayyadama afaanii barreessaa tokkoo murteessaadha.

### 1.2. Ka'uumsa Qorannichaa

Afaano Oromoo yeroo afaan barnootaa fi afaan sab-qunnamtii ta'ee jiruudha.Afaan oromoo guddina irra jiru cimsee itti fufuun akkuma afaanota biro afaan qorannoo, afaan saayinsii fi qo'annoo akka ta'uuf, wantoonni bareeffaman kunniin qulqullaa'uu fi sakatta'amuu qaba.Wanti qabatamaan mul'atu fayyadama afaanii irratti asoosamoonni afaan oromoon barreeffaman hanqinni akka jiru agarsiisa. Hanqina akkanaa kana hir'isuuf qorannoowwan fayyadama afaanii irratti hojjataman barbaachisoo waan ta'aniif anis gama kootin gaaffilee kana gadii irratti hojjadhee gumaacha taasisuun barbaade

- Malleen dubbii asoosama Lookoo keessatti argaman maal fa'i!
- Haalli fayyadama jechoota ergisaa dhimma itti bahe kan akkamiiti?
- Mammaaksonni Lookoo keessaa maal agarsiisu?
- Jechamoonni barreessan asoosamichaa dhimma itti bahe?

### 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo gurguddaa lama of keessaa qaba. Isaanis kaayyoo gooroo fi kaayyoo gooreedha.

#### 1.3.1.Kaayyoo Gooroo

Kaayyon gooroo qorannoo kanaa fayyadama afaanii asoosama LOOKOO jedhu xinxaaludha.

#### 1.3.2 Kaayyoo Gooree

- Malleen dubbii asoosama Lookoo agarsiisuu
- Jechoota ergisaa asoosama kana addaan baasuu.
- Mammaaksota asoosama kanaa keessatti argaman agarsiisuu
- Jechamoota asoosamicha keessatti argaman agarsiisuu

### 1.4 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaa hedduuqabaachuu danda'a. Faayidaan qorannoo bu'aa qorannichi kennu irratti xiyyeeffata. Kana malees, qorannichi beekumsa kan bal'isu yoo ta'e akkamitti akka galma ga'u kan ibsudha. Kanaafuu qorannoon tokko yemmuu qoratamu gaaffileefi rakkoolee adda addaaf furmaata barbaaduf ga'ee guddaa qaba. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun yeroo gaggeeffamu bu'aawwan armaan gadii kana qabaachuu danda'a.

- Rakkoowwan gama fayyadama afaanitiin kitaaba asoosama kana keessatti mul'atan adda baasee akkaataa isaan ittiin sirreeffatan agarsiisun,rakkoon kun akka itti hin fufne godhuudha.
- Namoota hojii barreeffama asoosamaafi kan biro irratti bobba'aniifi bobba'uu fedhaniif fayyadama afaanii irratti karaa agarsiisudhaf.
- Hojii Beekan Gulummaa keessaa tokko Beeksisuuf gargaara.
- Namoota kanaan booda qorannoo walfakkaatu fayyaduu danda'a

### 1.5 Daangaa Qorannichaa

Fayyadamni afaanii wantoota seera xiinqooqaa keessa jiran mara haammata.Xiinqooqni immoo yaadrimeen isaa baldhaa waan ta’eef yeroo tokko keessatti qorachuun,yeroos ta’ee maallaqa guddaa gaafata.Akkasumas waa’ee afaanii altokkotti qoratanii bira gahuun rakkisaadha.Sababa kanaaf mata duree daangessuun barbaachisa.Dabalataanis afaan barreeffamoota kam keessattiyyuu bu’uura.Kanafuu asoosamni Afaan Oromoos heddudha. Altokkotti fayyadama afaan isaanii xinxaalun sakatta’uun waan hin danda’amneef qorattuun mata duree ishee “xinxaala fayyadama afaanii,asoosamaBeekan Gulummaa bara 2013 Lookoo Jaalalaa jedhee barreesse maxxansa lammaffaa irratti immoo Lookootti deebise irratti daanga'eera. Fayyadama afaanii keessaa malleen dubbi, jechoota ergisaa, Mammaaksotafi jechamoota irratti xiyyeeffatee dhiyaatee jira.

### 1.6. Hanqina qorannichaa

Hojii kamiyyuu hojjatanii xummuruuf rakkoolen adda addaa nama mudachuu danda’a. Kun immoo hojii qorannoo keessatti akka qorannootti ilaalamuu dana’a.Hanqinoota kanneen keessaa tokko hanqina yerooti.Kun immoo yeroo barnootaa waan ta’eef qorannoo kana akka barbaadamutti hojjachuuf gufuu ta’uu danda’eera.Inni biraa hanqina kitaabileeti.Kun immoo kitaabilee adda addaa waa’ee afaanii kaasan akkaa barbaadamutti argamuu dhabuu isaaniti. Rakkooleen armaan olii kun akkuma jirutti ta’ee qorattuun akka yaada furmaatatti kan fudhatte yeroo barnootaa faana qo’annoo kanaaf haala mijeessufi kitaabilee dhabamanis mallaqa baajata isheef ta’uufi maatii isheerra fayyadamuun kitaabilee adda addaa gabaarraa bituun rakkoo sana jalaa ba’uu dandeesseetti.

### 1.7. Saxaxa Qorannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa itti fayyadama afaanii asoosama 'Lookoo' jedhu xiinxaluudha.Kana geggeessuuf qorannoo akkamtaatti dhimma baateetti. Sababni isaas odeeffannoon qorannoo kanaaf oolan kan jechaan dhiyaatanidha. Yaada kana Dastaa (2020) "Qorannoo mala akkaamtaatiin geggeeffamu keessatti odeeffannoon argamu mala iddatteessuu ykn mala ibsaatiin dhiheessa" jedha. Qorannoo kana keessattis qorattuun  mala kanatti dhimma baateetti.

### 1.7.1. Madda Odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaadha.Maddi ragaa tokkoffaa kunis, asoosama 'Lookoo'dha. Qorannoon kunis kan geggeeffame fayyadama afaanii asoosama kanaa irrattixiyyeeffateeti. Kana jechuun ragaan xiinxalaaf dhiyaatee kitaabuma kana keessaa argame.Yeroo kana immo madda ragaa lammaffaa fayyadamuun barbaachisaa hintaane.

### 1.7.2. Mala Iddattoofi Iddatteessuu

Qorannoo tokko geggeessiuf iddattoo filachuun barbaachisaadha.Iddattoon qorannoo kanaas asoosama 'Lookoo' keessaa Malleen dubbii, jechoota ergisaa, mammaksootafi jechamoota argaman bifa akkayyoo (akka kaayyoon) filachuun xiinxaluudha.

### 1.7.3. Mala Odeeffannoon ittiin Funaanaman

Qorannoon tokko wayita geggeeffamu tooftaa ittiin odeeffannoo funaanamu ni jira. Qorannoo kana geggeessuufis qorattuun kitaaba asoosama "Lookoo" erga dubbistee booda, akkaataa kaayyoo barbaadameen bakka barbaadametti ramaduuni.Kunis mala sakatta'a dokimentiitiin funaanuun odeeffannoo funaaname qabiyyeefi ergaa isaan dabarsan irratti hundaa'un erga qindeeffamee booda gara xiinxaluutti darbee jira.

Kanaaf malli funaansa odeeffannoo qorannoo kana keessatti dhimma itti ba'ame mala sakatta'aa yoo ta'u ragaan funaanamu asoosamichuma keessatti kanneen argamaniidha.

### 1.7.4. Malleen Xiinxala Ragaalee

Qorannoon tokko yeroo geggeefamu mala ittiin ragaan xiinxalamu niqaba.Malleen kunis mala akkamtaafi mala hammamtaadha.Qorattuunis, qorannoo mata dureen isaa xiinxala itti fayyadama afaanii "Lookoo" yeroo xiinxaltuu mala akkamtaatii dhimma baateetti.Sababni isaa ragaan argaman jechaan waan taheefi.

Jalqaba kitaabicha keessaa erga sirriitti dubbifamee booda, ragaalee kaayyoo gooree qorannichaaf oolan kitaabicha keessaa baafamaniiru.Erga kitaabicha keessaa baafanii booda ragaaleen gaaffii qorannoo deebisan lamaafi isaa ol xiinxalamaniiru.Dhumarratti cuunfaan kitaabichaa erga dhiyaatee booda argannoon dhiyaateera.

# BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

## 2.1. Fayyadama Afaanii

Afaan ta'iiwwan ilmi namaa ittiin walii galuufi ittiin yaada wal jijjiirudha.Haa ta'umalee ilmi namaa haalli ittiin afaan fayyadamee ittin walii galuufi ittiin ergaa wal jijjirratu garaagara.Garaagarummaan kunis fayyadama afaanii jedhama. Sababni isaas fayyadamni afaanii nama kamiyyuu biratti dhimma nuti haasofnu sanaafi nama nuti wajjin haasofnu sanaan murtaa'a. Namoonni afaan tokko fayyadamanii yeroo ergaa dabarfatan dhimma dabarfataniifi ergaa dabarfatan irratti hundaa'un afaan tokko keessa looga filachuufi afaan biraa irra jechoota ergifachuun itti fayyadamu. Yaaduma kanaan kan wal fakkaatu namoonni haala kanaan fayyadamuufis haalli hawwaasummaa isaa keessa jiran, dhiheenyi fi fageenyi kaayyoo isaan hawwaasummaa waliin qaban murteessummaa qaba(Jaalalli,2002).

Akka Jaalalliin (2002:9)Fishman (1971) wabeeffachuun ibsitetti, *"fayyadamni afaanii karaa afaanitiin walitti dhufeenyi yeroo taasifamu,namni tokko yookin hawaasichi,looga afaanichaa keessaa isa kam akka filatu agarsiisa. Kana jechuunis qorannon fayyadama afaanii eenyun"?*Enyuti yoomifi eessatti?Afaan kamiin?maal jedha? Isa jedhu agarsiisa jechuun keessi.Yaaduma kana cimsu akka Beekan (2015:3-A)Clark(1996) wabeeffachuun ibsutti,

> *Itti fayyadama Afaanii jechuun haala tajaajila afaan iddoo adda addaa keesatti qabudha.Haala kana Clark(1996) yoo ibsu ,itti fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessa ta,uu isaa lafa kaa,ee jira. Kanaafuu,hojiin itti fayyadama afaaniirratti hojjatamu garaagarummaa hala xiinqooqafi hawasumma jiru adda baasufiibsuurratti xiyyeeffachuu qaba.Kana jechuun haala itti fayyadama afaanii hundaa addaa addummaa hawaasaa sababa afaanin uumamu kan haamatudha.Askeessatti, garaa garummaa kan jedhu namni dubbatu sun gosa garagaraa afaanicha keessa jiru filatee kan dubbatu ta,uu isaati.(Beekan,2015:3-4)*

Akka yaada kanaatti,itti fayyadamni afaani tajaajila afaan yeroo adda addaati hawaasa keessatti qabu jechuudha.Tajaajilli afaanii kunis hojii hawaasummaa kamiyyuu keessatti baayyee barbaachisaafi murteessaa tahuu isaa agarra.Akkuma walii galaatti fayyadamni afaanii tajaajila afaan hawaasa keessatti qabu yoo ta'u, kunis hawaasni yeroo dhimma tokkof itti fayyadamu

dubbii afaanii dhama qabutti fayyadama jechuudha.Itti fayyadamni afaanii akkuma sagalee dubbbii afaanii keessatti tajaajilamurteessafi barbaachisaa qabu, hojiiwwan uumee afaanii keessattis tajaajila murteessafi barbaachisaa qaba.

Afaan karaa ergaa ittiin dabarfatan keessaa karaa ijoo waan ta'eef, hojii kalaqa sammuu ilma namaa keessatti ga'ee guddaa taphata. Hojii uumee ogbarruun tokko dubbistootaf dubbifamuu fi dhiisuu akkasumas jaalatamummaa hawaasa biratti argachuu fi dhiisun isaa kan ittiin beekamu yookin madaalamu fayyadama afaanitiini. Hojii kalaqa sammuu ogbarruu keessatti miidhagina jechuun barreefamoota walitti fidanii hima ijaaruu miti.Jechoonni hammam kan barreefaman ta'aniyyuu barreessan jechoonni fayyadame kan ergaa namaaf dabarsu akkasumas miira dubbistootaa naaf hawwatu jedhee kan barreessudha. Sababni isaas hojiin uumee ogbarruu hawaasa keessatti tajaajila barbaadame dabarsuuf itti fayyadama afaanii yoo sirriitti fayyadamedha. Kanaafuu barreessan ogbarruu karaa adda addaatin afaanitti fayyadamuufi ga'uumsa cimaa ta'e qabaachutu isa barbaachisa.Yaaduma kana ilaalchisee Jaalallin(Zarihun,1995) wabeeffachuun yoo ibsitu;

> *Barreessan dandeettii afaanii olaanaa ta'e isa barbaachisa yeroo jedhamu, karaa biraatin yaada isaa sirriitti haala ifaafi nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu dandand'uu qaba jechuudha. Akkas gochuuf immoo amala jechootaa,haala ga'uumsa isaanii fi akkaataa uumama isaanii beekuu qaba. Hiikafi miidhagina jechoonni haala adda addaa keessatti galuun kennuu danda'an beekuu irraa eegama(Jaalallii,2002:12)*

Yaada kana irraa wanti hubatamuu danda'u barreessan kalaqa hojii ogbarruu tokko kan kufu itti fayyadama afaanii yoo sirritti beekuu baatedha.Akkasumas dandeettin fayyadama afaanii isaa dadhabaa yoo ta'eefii haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu yoo baate hojiin isaa fudhatama qabaachutu isarra eegama jechuudha.

### 2.2. Fayyadama jechootaa

Jechi qindoomina sagalee irraa kan uumamu,hiika isa sirrii kan qabu, kutaa caasaa afaanii keessaa isa tokkodha. Sagaleewwan afaan tokkoo dubbifamaafi dubbachiistuu waliin ta'uun jecha uumu.Jechi kunis caasaa afaan sagaleewwan irraa uumamee sanaa eegun unka mataa isaa kan qabudha.Yaaduma kanaan kan walfakkaatu Addunyaan yoo ibsu;

*Jechi qindeeffamee dhaamsa guutuubirsagoota fi dhamjechoota kan unkaalee hiikaa tokkoofi isaa ol qabaniin dhiyaatu fi of danda'ee dhaabatudha.Gama biraati bakka bu'aa muuxxannoo hawaasa tokkooti.Muuxxannoon hawaasatokkoo immoo ba'ina hawaasichaa,amala isaa, siyaasa isaafi wkf bu'uureffata (Addunyaa,2018;35)*

Akka yaada kana irraa hubannutti,jechi qindaa'ina sagalee irraa kan uumamu kan hiika tokko fi lamaa ol qabaachuu danda'u ta'ee,hawaasa tookko keessatti bakka bu'aa waan tokkoo kan ta'edha. Beekan  waa'eejechootaa kana akka itti aanutti ibsee jira.

*Jechi qindaa'ina sagalee ta'ee kan hiika guutuu qabudha. Jechi mallattoolee sagalee dubbiitin seera barrefama afaanii eegee akkaataa hiika qabaachuu danda'uun walfaana bu'ee kan ijaaramudha.(Beekan ,2015:240)*

Akka yaada kana irraa hubannutti,jechi qindaa'ina sagalee irraa uumamuun hiika guutuu kan qabu ta'ee, mallattoolee sagalee dubbiitin seera barreeffama afaanii eegee kan ijaaramudha.Akkasumas fayyadama jechaa ilaalchisee akka itti aanutti yoo ilaalle afaan karaa yaadaittin dabarfatan keessa isa ijoo waan ta'eef hojii uumee keessatti ga'ee guddaa taphata.Qabiyyeen ogbarruu tokkoo dubbistootaf ifa ta'uu fita'uu dhiisun akkasumas, hojichi cimaa ta'uufi ta'uu dhiisun isaa kan madaalamu karaa afaanitiin.Hojii uumee keessatti miidhagina jechuun kuufama jechootaa miti.Jechoonni hammam kan filataman yoo ta'an iyyuu,kana jechuun barreessan fakkii naaf uuma yaadan dubbistootaf dabarsuu barbaade haala gaarin naafdabarsa jedhee jechoota inni filate yoo ta'anillee iddoo sirrii ta'etti haala seera qabeessa ta'een yoo itti hin fayyadamne ta'e miidhagina afaanichaa ibsuu dhiisuu isaanitiin alatti barreeffamichi dhama akka hin qabaanne taasisa. Kana waan ta'eefis barreessan tokko jechoota gaalewwanii fi jechootatti fayyadame yaada yookin ergaa barbaade dabarsuuf ergaa afaanii cimaa ta'e qabaachuu qaba.Kana ilaalchisee Jaalalli (2002) Zarihun (1995) wabeeffachuun akka ibsitetti,

*Barreessan dandeettii afaanii olaanaa isa barbaachisa yeroo jedhamu, karaa biraatin yaada isaa sirritti haala ifaafi nama hawwatuun ibsuufi dabarsuu danda'uu qaba jechuudha.Akkas gochuuf immoo amala jechootaa,haala galuumsa isaanii fi akkaata umama isaanii beekuu qaba.Hiika fi miidhagina*

*jechoonni haala adda addaa keessa galuun kennuu danda'an beekun irraa eegama.(Jaalalli,2002:12)*

Yaad kanarraa wanti hubatamuu danda'amu, barreessan ceephoo irratti kan kufu afaan ittiin barressu yoo sirritti beekuu baatedha.Dandeetti afaan isaa yoo dadhabaata'eefi haala kam keessatti jecha kam fayyadamuu akka qabu yoo beekuu baate, yaadni inni kaasuu barbaade sirritti kan ibsamee fi ifa ta'uu hin danda'u.Jechoota qa'achuu fi akkaata fayyadama isaani sirritti beekutu irraa eegamajechuudha.

### 2.2.1 Jechoota ergisaa

Ergifannaan amala afaanii keessaa isa tokko.Afaan tokko afaan biroorraa ergifachuu danda'a.Afaan addunyaarraa haa xiqqaatu malee afaan osoo hin ergifatin jecha afaanichaa qofaatti fayyadamu hin jiru.Garuu hangi ergifannaa isaa walcaaluu danda'a.Ergifannan kunis sagaleetii hanga hima ga'utti ta'uu danda'a. Waa'ee jechoota ergisaa 'O'Grady' akka jedhetti"many linguistic change can be attributed to borrowing.The acquisition of words soundsor rule strom another language.Akka waraabbii kanarraa hubannutti ergifannan afan tokko yeroo afaan biroorra sagalee, jechoota fi seera fudhachuun itti fayyadamudha. Ergifannaan kun sadarkaa sagalee, jechaa fi hanga himatti ta'u. Ergifanna kanaf wantoonni sababa ta'an saayinsii fi teekinoolojii, karaa olaantummaa siyaasan wal qabatee afaan tokko afaan tokkorraa calchisani ilaalun jechoota afaan ofi dhiisani kan afaan biro sanatti fayyadamuun jechoonni sun afaan sana keessatti makama deemu. Afaan Oromoo ilaalchisun yaadii ergifanna jedhuu wiirtuu jildii 5[ffaa]irraatti akka ibsameetti,

*Haala liiqa /ergifanna/ kanan Afaan oromoo yoo ilaallu, sirnoota darban keessatti olaantumma Afaan amaara biyyaatti kana keessatti qabataa tureerraa kanka'ee afaan kanarraa waan hedduu ergifatee argama. Haa ta'u male afaanotaa Awuroopaa kan akka afaan Ingilizii, Faransayii, Xaaliyanii fi akkasumas afaan Arabarraa liiqefachuu hin oollee. (Jamsgeen, 1992:45)*

### 2.2.2. Jechoota Loogaa

Looga kana gama Afaan oromoo walin wal qabsisuun yeroo ilaalamu, Afaan oromoo loogan gabbaatadha. Sababni isaas sabni oromoo baay'ina waan qabuufi lafa bal'aa walirraa fageenya qabu irraa waan jiratuf loogni heddumminaan keessaatti mul'ata.Sababni uumamsa looga kanas akka arman gaditti.

> *Lafti Afaan oromoo keessatti dubbatamu bal'aa waan ta'eef, garaagarummaan loogaa ni mul'ata. Loogni Afaan oromoo garee gurguddaa sadii qaba. Isaanis dhiha, bahaa fi kibbaatti qoodamee kan ilaalamudha. (caas-luga J,J, 1998:1)*

Yaada kanarraa kan hubatamu sababa uumamsa looga kanaa kan ta'e, sabni oromoo iddoowwan bal'aa walirraa fageenya qaburra jirachu isaati fi baay'ina qabachuu isaatin kan uumame ta'uu isaati.

Gama biraan waa'ee loogaa O'grady(1996) akka jedhetti loogni garaagarummaa gareewwan hawaasa gidduutti uumamu ta'ee adda addummaa haala dubbii, sagaleessuu,jechoota fi kan kana fakkaatan akka ta'e ibsa. Jechoonni loogaa barruu tokko keessatti yoo baay'atan dubbistoonni barruu sanaa looga sana hin beekne ergaa barruu sanaa hubachuuf rakkisaadha. Sabni isaas jechoonni naannoo adda addaatti hiika gara garaa qaba waan ta'eef, fakkenya jechi bukkee jedhu naannoo Arsiitti nama saala lama qabu jechuudha.Naanno Wallaggaatti yookin Shawaatti ammo cinaa yookin bira jechuudha.Afaan oromoo barruuwwan hedduun rakkoowwan akkasif hedduu kan saaxilaman hedduudha.Kanaaf barreessan yeroo barreessu dubbataa afaanichaa hunda biratti hiika wal fakkaatu qabanitti fayyadameefi kan galmee jechootaa irratti beekamanitti fayyadamee yoo barreesse filatamaadha.Yoo kan fayyadamu ta'e ammo jechicha fayyadame hiika jechaa mallattoo cuftuu keessa kaa'uun yoo barreessan akka hubatan taasisuu danda'a.

### 2.3 Malleen Dubbii

Malleen dubbii afaan ogbarruu keessaa tokko ta'ee wanta ogbarruu san keessatti ibsamuu barbaade haala adda addaan fayyadamuun kan ibsu jechuudha.Yaaduma kana irratti,

> *Afaan ogbarruu keessaa inni hunda dursu dubbii qolaati.Yeroo baay'ee barreessan jechoonni hiika dhanquu akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa.Jechoota kana duubas hiika dhokataa ruuquun hubannoo dubbistootaa*

*hawwata.Xiyyeeffannodhanis hiika jechoonni kallattin qaban irraa maqee yeroo fayyadamu dubbii qolaan ibsama.(Fedhasaa,2017:158)*

Yaada barreessaa kanarraa kan hubannu jechoota dhoksuu barbaade malleen dubbiin ibsee kan mul'isudha.Kun immoo keessumattuu jecha tokko keessatti akkas jechuurra dhimma biraan wal qabsiisnee yookin dhimma tokko dhimma biraa keessa galchuun karaa alkallattiin kan ibsu ta'uu isaati.Malleen dubbii dandeettii yaaduu namaa illee waan malalaa fi kuufama beekumsaa waan qabuuf ergaa cimaa kan qabudha.

Addunyaan(2013:208) yoo ibsu, "*Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaf dabarsudha.Yaada kanarraa kan hubannu malleen dubbii asoosamicha keessatti qaama barbaachisaa ta'e haala salphaa ta'een ergaa kan dabarsudha"* jedha.Akka yaada barreeffama kanaatti,malleen dubbii fayyadamnu wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda'utti salphisee dhiheessu danda'udha.Kana jechuun haala namaaf galuun karaa wal xaxaa hin taanen ergaa kan dabarsudha. Akka Jaarraafi Wasaneen(2008:143) irratti ibsanitti "*malootni dubbii qindeeffama haala qarooma qabuun ijaaramee kan miira namaa qindeffamicha dhageeffatu yookin dubbisuun kan qirqirsuu danda'a*".Kana jechuun malleen dubbii sammuufi miira namaa kakaasu yookin dammaksu keessatti ga'ee olaanaa akka qabudha.Kun immoo miira olaanaa yeroo uumu keessatti dandeettii hubannoo cimsuu akka danda'udha.

Akka walii galaatti kan hubannu barreeffama tokko keessatti ergaa tokko haala miira namaa keessatti fakkii uumee, miidhaksee fi salphaatti akka hin irraanfatamnetti dhiyeessuf malleen dubbii akka dhimma baasudha.Dabalataanis haala jiruuf jireenya hawaasaa tokko keessatti namoonni waan haasa'aniifi raawwatan malleen dubbii yoo dhimma ba'an wal dhabdee hin barbaachisne irraa illee walaba ta'uun akka jiraatan irraa kan hubannudha.

### 2.3.1 Gosoota Malleen Dubbii

Fayyadama afaanii irratti hundaa'un barreessa ogbarruu malleen dubbii akakuwwaan heddutti qoodun kaa'u. Akaakuwwaan isaan kanneen, warra kaan caalaa hojiiwwaan ogbarruu keessatti faayidaa hedduu kan qabanidha. Kunis ergaa dabarsuu irraatti waan ta'eef ergaa hubachuu ammo gadii fageenyaafi kallattii garagaraan ilaaluun barbachisaadha.Qoodaminsa malleen dubbii ilaalchise hayyonnii adda addaa akaakuu adda addaatti qooduun ibsu.Kunis namaa namatti garaagarumma qaba.Addunya(2018:208) irratti malleen dubbii iddoo ja'atti qoodun ibsee. Isaanis;

akkasaa, bakkasaa, nameessuu, eemitti, habalakaa fi arbeessudha jechuun qoode.Akkasumas Fedhasaa(2017:158) gosoota malleen dubbii iddoowwaan adda adddaatti qooduun ibseera.

Malleen dubbii kunis ogbarruu bareeffamaas fayadama afaanii keessatti barreessaan gargaramee haala akkamin hawaasni itti gargaramaa akka jiru ibsuu danda'a.

Waluma galatti malleen dubbii maqaa adda addaa yaa qabaatuu iyyuu malee,yaada kalaqaa yookiin haala nama hawwatuun fakkii wantoota xiyyeeffaannoo barbadanii wal bira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een suura kaasu.Kun immoo, namni isa bira hin jirree haala salphaa ta'een akka hubatuuf isa gargaara. Ogbarruun barreeffamaa kunis malleen dubbiitti fayadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kan kana fakkaatan gadi fageenyan ibsa. Kana malees malleen dubbii barreeffamni tokko miidhagina akka argatu waan taasisuuf baay'ee murteessadha.Gosoota malleen dubbii waraqaan qorannookun irratti xiyyeeffaate ja'a.Isaanis; akkasaa, iddeessaa, nameessaa, harbeessuu, eemitii, fakkoommiifi walqabsiisaa fa'i.Gosoota malleen dubbii kana irratti ibsi beektota garagaraa akka arman gaditti dhiyata.

### 2.3.1.1 Akkasaa

Akkasaan gosoota malleen dubbii keessaa tokko ta'ee fayadama afaanii keessatti wantoota adda addaa wal dorgomsiisudhaan kan ibsudha. Kun immoo wantoota amalaan wal hin fakkaanne gidduuttikan taasifamudha. Akka Addunyaan (2018:208)irratti ibsetti, "*akkasaan ergaa barbaadamu waan aadaa hawaaasichaa keessatti akka hubatamu kan taasisudha.*kana jechuun wanti walbira qabnee dhiheessinu tokko kan hawaasa biratti beekamaa ta'e ta'uu akka qabu ibsa.

Karaa biraatin immoo, dubbii qolaa akkasaa kana fayyadama afaanii keessatti yemmuu dorgomsiisnu walitti siqeenya wantootan walbira qabuun Kan madaalaa deemnudha.Kunis haala dubbisaa hawwachuu danda'uun ta'uu qaba.Kana ta'uu baannan, dubbistoonni yaada burjaaja'e horachuu danda'u.

### 2.3.1.2 Iddeessaa/ Bakkasaa

Fayyadama afaanii keessatti Iddeessan amala,bifa,haala fi kan kana fakkaatan qaama tokkorraa fuudhanii qaama biraatti dabarsu yookin qaama tokko bakka waan biraa buusee,qaama sana taasisuudha.Kana jechuun akkasaan jechoota akkasaatti fayyadamutti hin fayyadamu.Kun immoo kallattumaan qaamni tokko akkasi jedhee kan ibsudha.Addunyaan(2018:209-210) yaaduma kana deeggaruun akkas jedha;

*Malli dubbii iddeessaa jedhu"gaalee iddoosaa" jedhurraa ijaaramee waan tokko guutummaan guututti amala waan biraa gonfachiisun dhiheessa.Gosni fayyadama afaanii kun haala dhokataa ta'een wantoota dorgomsiisa.Kan akkasaarraa adda taasisus isa kana.Tokkummaan inni akkasaa waliin qabu garuu wantoota waliin dorgomsiisudha.*

Kana jechuun tokkummaa fi garaagarummaanis akkasaa fi bakkasaa/iddeessaa gidduutti kan mul'atu ta'ee of eegannoo fi gadi fageenyan ilaalufi xinxaaluu kan gaafatu fayyadama afaanii kana keessatti garuu bakkasaadha.Kanaafuu bakkasaan yaada dhokataa of keessaa waan qabuuf xiyyeeffannoo guddaa barbaada.

Fayyadama afaanii keessatti iddeessan amala wanti tokko qabu guutummaan guutittii wantoota biroof kankennuudha.Karaa biraatin, Ricoever (1975:28) akka jedhutti, "*metaphor is possible only because of metaphor presents the polarity of the terms compared in bridge form.*"Akka yaada kanaatti iddeessi wantoota wal hin fakkaanne lama wal bira qabuun isa tokko ibsuuf isa tokko bakka buusuu akka ta'e ibsa.

**2.3.1.3 Nameessa**

Nameessaa kan jennu wantoota nama hin taane bineensota,lubbu qabeeyyii lubbu dhabeeyyii waan namni godhu,dubbatu,yaadu akka waan nama ta'anii kana hunda raawwataniitti gochuun nama fakkeessun bifa itti dhihaatanidha.Kunis,dandeettee barreessan barreeffamaisaa keessatti calaqqisiisu irratti hunda'a.Kanas Addunyaa(2018:211) yoo ibsu, "*wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan,deemanii akka galan,ijaaranii akka diigan kan taasisu fayyadama afaaniti*"jedha.Kanaafuu,fayyadama afaanii keessatti amala namootaa wantootafi lubbu qabeeyyii biroof kan kennudha.

Dabalataan, Shaw (1972:283) akka ibsetti, "*Nameessi amala dhala namaa binensa, meeshaa, yaadafi kanneen biroof kan kennudha.Kun kan agarsiisu,wanti nama hin taane akka namaatti ni nyaata,ni dubbata,gochaawwan adda addaa ni raawwata jedhameet fudhatama*. Kana irraa wanti hubannu,amala dubbii kana keessatti wantoota nama hin taane amalaafi gochaa namoonni raawwatan gonfachuun kan dhihaatanidha.Nameessa kana,barreessitoonni asoosama mala fayyadama afaanii kanatti bal'inaan ni gargaaramu.Sababni isaa,wantoota jiruuf jireenya

hawaasa keessatti nama muudatan kanneen akka gadda,gammachuu, quuqqaafi waan fakkaatan gatii calaqqisiisufi.

### 2.3.1.4 Arbeessuu

Fayyadama afaanii keessatti arbeessun waan tokko humna isaan ol guddisanii yookin ol qabanii mul’isuudha.Busheessuun immoo faallaa arbeessuu waan tokko haala isaa gadi qabanii yookin xiqqeessanii ibsuudha.Birhaanu,(2013:26) yaada kana deeggaruun akkas jedha “Arbeessuun mala waan tokko sababa bu’aa tokkollee dhimma isaa ol kaasee himuuti,barreessan dhimma wanti sun dhugaan qabu irratti ol kaasee yookin guddisee waraqaa irratti kan barreessudha.Kanaafuu arbeessun dhimmoota jiran irratti hundaa’un kan ibsamu malee waan hin jirre guddisanii ibsuudha.Kun immoo humnaa ol gurra guddisuu yoo ta’u,busheessuun immoo humnaa ol gadi buusudha.Kunniin,bareedina,tokkummaa,garaagarumma,qaaman furdina yookin qal’ina,beekumsaafi kkf ta’uu danda’a.

Walumaa galatti mala dubbii kanaa asoosama keessatti bal’inaan waan argamaniif miira dubbistoota asoosamaa harkisuufi namoonni xiyyeeffannaan isaanii ogbarruu barreeffamaa irratti keessumaa asoosamoota dhangala’oo irratti akka ta’u kan godhudha.Sababni isaa wantoota hawaasa keessa jiru hunda kan mul’isu waan ta’eefi.

### 2.3.1.5 Fakkoommii

Fakkoommiin kan wanti tokko dhimma biraan yookin yaada biraan bakka bu’aa fakkeeffamudha.Fakkoommin yaada,dhimma halluufi kkf mallattoodhan bakka buusuu yookin immo amala,bifafi hiika bu’aa sana gonfachiisu jechuu dandeenya.Jaarra fi Wasaneen(2008:145) irratti yeroo ibsan, “*wanta tokko waan biraati bakka buusudhaan akka mallattotti itti fayyadamuudha.Wanti tokko hiika waan biraaf si’a dubbatamudha*”jedhu.Kana jechuun bakkasaa irraa wanti adda godhu akka jirudha.Kana yeroo ibsinu haala adda addaa keessatti dhimmoonni ibsaman bifa isaan ittin ibsaman kan mallatteessinudha.

### 2.3.1.6 Sobdhugaa/Eemiti

Sobdhugaan wantoota lama faallaa walii ta’an kan ittiin ibsinudha.Kana jechuun namni tokko hin nyaata garuu hin quufu yookin ni boo’a ni kolfa yaada jedhu qaba.Kun immoo habalaka irraa kan adda ba’u adda ta’uu qaba.Kana jechuun habalakni yaada gadhee sobuun jajjabeessuu yoo ta’u sobdhugaan garuu yaadota yookin gaalewwan waliif faallaa ta’an wal bira qabee

ibsa.JaarraafiWasanee (2008:142)yaaduma kana deeggaruun “*eemitiin,dhaamsi jechaa yookin himaa irrakeessan soba fakkaatee dhugaa ta’u jechuudha yookin jechoonni yookin himoonni walcina jiran irra keessan walfaallessu*”jedhu.

Yaada kana irraa Kan hubannu ergaan darbu soba fakkaatuyyuu dhugaa kan of keessaa qabu yookin wantoonni waliif faallaa yemmuu walcinaa himaman jechuu kan dandeenyu sobdhugaa /eemitidha.

### 2.4. Mammaaksaa

Mammaaksi faanin kan dubbatamu ta’ee ilaalcha fi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul’isudha.Fedhasaan (2017:79) irratti akkas jedha;

> *Mammaaksi mala ittin yaada bal’aa yookin dubbii dheeraatokko hima gabaaban kurfeessani kaa’anidha.Kana malees, mammaaksi himaafi yeroo qusachuuf, akkasumas, dubbii haala hin dagatamneen akka darbuuf, yookin hubatamuuf gargaara.Kana malees, gaalee yookin hima baay’ee gabaaban yaada baay’ee bal’aa ta’e dabarsu jechuun ni danda’ama.*

Yaada kanarraa akka hubannutti mammaaksi dubbii gabaabsuf kan itti gargaaramnu ta’ee muuxannoofi muudannoo, aadaa fi duudhaa siyaasaa ibsuuf gargaaramna.

Haaluma kanaan,namoonni dubbii isaanii gabaabsuu akkasuma,barreeffamoota ogbarruu keessatti barreessan mammaaksa ni gargaarama.Barreessitoonni barruu isaanii keessatti mammaaksa dabaluun barreeffamichi miidhagina akka qabaatufi miira namaa akka kakaasu godhu.Kunis,yaada bal’ina qabu tokko walitti qabee dimshaashessuun bifa ittin dabarfatudha.Mammaakamuu qabu tokko miti.Sababiin isaas ergaan mammaaksaa dubbataa afaanichaaf malee,hiika namni kallattin afaan biraarraa fuudhee ittin kennu miti.

Walumaagalatti yaada kana irraa kan hubannufayyadamni afaanii kamiyyuu mammaaksa qabaachuu isaati.yaada kana jechuun deegara mammaaksonni qaama dubbii tokkoo ta’ee kaayyoo dhimma dubbatamaa jiru sanaa deeggaruu kan qabuufi bifa gabaaba ta’uusaa ibsa.

### 2.5. Jechamoota

Hawaasni tokko waan tokko kallattiin dubbachuu irra kara cina qabuun wayita dubbatu argina. Kanas waan naannoo isaatti argamuun wal bira qabuun kan itti gargaaramudha. Yaada kana

deggeruun Addunyaan 2018 wayita ibsu, jechamni jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuun jiraatu. Yaada kanarra kan hubatamu. Jechoonni, gaaleewwaniifi ciroowwan tajaajila tokkoo oliif dhaabbachuu akka qaban agarsiisa.

Gama biraatiin Fedhasaa 2017 yemmu ibsu, jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Dubbii hawaasni cina galaan dubbattudha.Akka yaada kanarraa hubatamutti, namni dubbii dubbatu keessatti karaa cinaa qabuun jechamaatti dhimma baha.

**2.6. Sakatta'a Barruu walfakkiii**

Kutaa kana keessatti qorannoowwan qorannoo kanaan wal fakkaatu sakatta'umsa amma beekumsa kootii hojiiwwan Gama fayyadama afaanitiin ogbarruuwwan afaan Oromoo irratti hojjataman kannen beekuu fi argeen walbira qabee garaagarummaa isaanifi walfakkeenya isaanii haala kanaan kaa'eera.

Hojiiwwan qorannoo fayyadama afaanii irratti gaggeeffaman keessaa tokko,qorannoo Jaalallii Hayiluun mata duree "xiinxala fayyadama afaanii asoosama "Yaadanii"keessatti"jedhu bara 2002 ALI hojjatamedha.Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjatame ta'ullee qorannoo kanarraa garaagarummaa qaba.Qorannoon Jaalallii kun fayyadama afaanii keessatti fayyadama seerluga karaa dhaamsagootaa,karaa firoommi sagaleen,jechoota hirkatoo,jechoota kottoonfeefaa irratti baay'inaan kan xiyyeeffatedha.Qorannoon kun ammo fayyadama afaanii keessaa fayyadama dhamjechaa,malleen dubbii,mammaaksotaafi fayyadama jechootaa irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u,innis jechoota loogaa sadarkaa dhamjechaafi jechaatti,jechoota ergisaa,jechoota faallaa,akkasumas jechoota walfakkii irratti kan xiyyeeffatedha.Kanamalees qorannoon kun kitaaba asoosama mata dureen isaa "LOOKOO"jedhu irratti kan hojjatame yemmuu ta'u,kan Jaalallii immoo asoosama "*YAADANII*"irratti kan hojjatamedha.

Inni lammaffaan immoo qorannoo Ayyaantuu Abrahaamin mata duree "Xiinxala fayyadama afaanii asoosama "Hiree Jal'atte"keessatti jedhu bara 2009ALItti hojjattamedha.Qorannoon kun fayyadama afaanii irratti kan hojjatame ta'ullee akkuma kan Jaalallii qorannoo kana irraa garaagarummaa qaba.Qorannoon Ayyaantuu kun itti fayyadama afaanii keessatti fayyadama afaanii keessaa,fayyadama jechootaa irratti kan xiyyeeffate yemmuu ta'u,innis jechoota loogaa,jechoota ergisaa,jechoota tishoo akkasumas fayyadama himaa keessa hima dheeraafi hima gabaabaa irratti kan xiyyeeffatedha. Qorannoon kun ammo fayyadama afaanii keessaa,

malleen dubbii, Jechoota ergisaa, mammaaksotaafi jechamootaa irratti kan xiyyeeffatedha.Kana malees qorannoon kun kitaaba asoosama mata dureen isaa *“Lookoo j*edhu irratti kan hojjatame yemmuu ta’u,kan Ayyaantuu immoo asoosama “*HIREE JAL’ATTE*”jedhu irratti kan hojjatamedha.

Inni sadaffaan immoo qorannoo Ambassaa Hundeen mata duree “Xiinxala fayyadama afaanii asoosama *Dirmammuu* “keessatti.”jedhu bara 2003 ALI hojjatamedha.Qorannoon kunis akkuma kan Jaalallii mata dureen inni irratti hojjatame asoosama Dirmammuu irratti yemmuu ta’u,qorannoon kun immoo asoosama *“LOOKOO”* jedhu irraatti kan hojjatamedha.Akkasuma kan Ambasaa fayyadama afaanii keessatti baay’inaan caasaalee karaa seerlugaan kan ilaalamudha.

Inni arfaffaan immoo qorannoo Abdiisaa Buqqeen mata duree “Xiinxala fayyadama afaanii asoosama *“KUUSAA GADOO”*keessatti.”jedhu kan bara 2003 ALI hojjatamedha.Akkasuma inni biraa immoo qorannoo Guutuu Mootummaan mata duree “Xiinxala fayyadama afaanii asoosama”Kabir Waadoo Gadaa Sabboonaa Oromoo”keessatti.”Jedhu bara 2002 ALI hojjatamedha.Qorannoon lamaanuu mata dureen asoosama isaan irratti hojjataman mata duree qorannoo kanaa irraa adda yemmuu ta’u,akkuma kan Jaalallii xiyyeeffannoon isaanis karaa seer lugaa irratti kan xiyyeeffatanidha.Walfakkeenyi qorannoowwan kunniinifi qorannoo kanaa akkuma walii galaatti fayyadama afaanii irratti hojjatamuu isaaniti.

# BOQONNAA SADII: QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti ibsi gabaabaa waa'ee asoosama Lookoo, Qaacceessa Mallee dubbii, jechoota ergisaa, mammaaksotaa jechamoota fakkeenya wajjiin xiinxalamanii akka itti aanutt dhiyaataniiru.

## 3.1.Xiinxala Malleen Dubbii

### 3.1.1. Xiinxala mala dubbii Akkasaa

Akkasaan dubbii qolaa jechoota akkaafi fakkaatan jedhamanitti gargaaramuun wantoota lama wal bira qabuun isa tokko isa biraatiin kan ilaaludha. Kanumarraa ka'uun asoosama kana keessatti Malleen dubbii akkasaa akka armaan gadiitti xiinxalameera.

Fkn 1.*" Jireenyi waan dhangaggaa'u hinfakkaatu akka xalacoo*

*aannan quuftee quruphisa" (fuula:5)*

*2. "Yuunivarsitii seenuun anaafa akka waan jannata lafarraa jirtu tokkonatti ta'e"(fuula:10)*

*3. "Dubartii adii akka hiddaa natti xaxamtee ciistuu waliin ture"(fuula:114)*

*4. "Hin dubbattu akka fira loonii callisee na ilaala."(fuula: 121)*

*5. "Fuulli ishee akka addeessa birraa nama hawwata"(fuula: 124)*

Fakkeenyota armaan olii kana tokko tokkon yoo xiinxalle

"Jireenyi waan dhangagga'u hinfakkaatu akka xalacoo aannan quuftee quruphisa"hima jedhu keessatti malli dubbii dhimma itti ba'ame akkasaadha. Gaalee"akka xalacoo" jedhu yoo ilaalle, xalacoon wayita aannan quufte ni utaalti. Jireenyis Kanumatti fakkeeffame.Jireenyaafi xalacoo walbira qabuun madaala. Kanaaf, malli dubbii kun wantoota kana lamaan walbira qabuun dhiyeessee jira.

Malli dubbii fuula 10 irraa fudhatame" Yuunvarsiitii galuun anaaf akka waan jannata lafarra jirtu tokko natti ta'e" hima jedhu keessatti gaaleen akka waan Jannata lafarraa jedhu mala dubbii akkasaa agarsiisa.Yuunivarsitiifi jannata lafarraa jedhee walbiraqabuun ibsa.Jannanni bakka

gaariidha jedhamee amanama.Barattoonni waa'ee jireenya Yuunivarsitii arganii hineekne akka bakka bashanannaata'eetti ilaalu.

Malli dubbii biroon kan fuula 114 irraa fudhatame yoo ilaalle, "Dubartii qaama adii akka hidda natti xaxamtee ciistu waliin ture." jedha. Himaa kana keessaas gaaleen" akka hiddaa natti xaxamtee" jedhu mala dubbii akkasaa agarsiisa.Hiddi bosona keessatti mukeenitti xaxamee jiraata. Haala haammanna dubartii sanaa agarsiisuu hiddaan walbira qabee agarsiisa. Mala dubbii kanatti gargaaramuun gaarii tahee, garuu namoonni magaalaatyi dhalatanii guddatan hubachuu hindanda'an.Silaa waan hawaasni bakka hundaa jiraatu beekutti gargaaramuu qaba.

Malli dubbii fuula 121 irraa fudhatame, " Hindubbatu akka firaa loonii callisee na ilaale" jedha. Firri loonii callisee wal ilaala.Waliin hin dubbatan.Kanaaf, haala callisuu isaa ibsuu jecha fira looniitti fakkeesse ibse. Jecha kanaas jiruu hawaasaa keessaa kan fudhatedha.

Hima "Fuulli ishee akka addeessa baatii birraa nama hawwata" jedhu yoo ilaalle.Bareedina fuula intala sanaafi addeessa birraa walbira qabee dhiyeessa.Addeessi wayita birraa ba'u namatti tola.Kunis sababa duumessi samirraa haphata deemuuf, gara ifaattii yeroo lafti deemudha. Malli dubbii kun bareedina intalaa humnaa ol olkaasuuf itti gargaarame. Namni adeessa beeku waa'ee fuula intala kanaa salphaatti hubata.

**3.1.2. Bakkasaa**

Bakkasaan Mala dubbii amala waan tokko kan biraaf kennuun itti gargaaramudha. Wantoota lama karaa ittiin waldorgomsiisanidha. Wantonni kun tarii kan wal hinmadaaledha.

Fkn *1. Mucayyoo magaala kuulleedha.(fuula:11)*

*2. Ani qeerransi kee (fuula :37)*

*3. Addunyaan kun wallaalchistuudha(fuula:57)*

*4. Garaan haadha burreedha(fuula:72)*

Fakkeenyi armaan gadii kitaaba asoosama "Lookoo" keessaa fudhatame.Akka armaan gadiitti xiinxalamaniiru.

Hima "Mucayyoo magaala kuulleedha jedhu yoo ilaalle, bareedina intala sanaa ibsuuf jecha bareedina ishee kuulleedha bakka buusee jira. Kuulleen kan nyaaroon ishee bareedudha. Kunis yeroo hunda bareedinni ishee nama hawwatu akka tahe agarsiisa. Kanaf, bareedina mucayyoo kanaa fuudhee magaalaa kuulleedhaan bakka buusee jira.

Barreessan asoosama kana keessatti cimina isaa ibsachuuf jecha amala qeerransa ofiif kennee jira. Kanas, warabbii "Anis qeerransi kee" jedhu yoo fudhanne, qeerransi bineensa foon nyaatu, kan jagnummaan beekamufi bineensa sodatamudha. Kanafuu barreessan kun qeerransaan bakka of buusee of-dhiyeesseera.

Malli dubbii fuula 72 irraa fudhatame " Garaan haadhaa burreedha"jedha. Himni kun garaa haadhaa waan burreen bakka buuse. Kana jechjun haati akkuma goota deessu, lugnas ni deessi. Beekaa akkuma deessu, wallaalaas ni deessa. Yeroo Baay'ees, akka mammaaksaatti dhimma itti bahaama.

**3.1.3. Arbeessuu**

Arbeessuun malanwanta tokko waan inni qabu oli guddisuuu yookaan gadxiqqeessuudha. Yeroo baay’ee namoonni waa'ee waantota garaagaraa yeroo ibsan mala dubbii kanatti dhimma bahu.

Fkn 1.***Kana jedhee himachuun akka gaara kilimanjaaroo natti tahe.(Fuula:6).***

***2. Harkashee alangee fakkaatu ofitti qabee...(Fuula:12).***

***3. Guntunni ishee akka qoraatti nama waraana***

Malli dubbii fuula jaha (6) irraa fudhatame " kana jedhee himachuun akka akka gaara kilimanjaaroo natti tahe" jedha. Hima kana keessatti dubbachuu sodaachuu isaa hamma gaara kilimanjaaroo fakkessee ibsa.Hamma gaara kanaa ga'uu dhiisuu mala.Sodaachuu danda'a garuu, hanga kana guddachuu hin danda'u.

Malli dubbii fuula 12, irraa fudhatame "Harkashee alangee fakkaatu ofitti qabee"jedha. Hima kana keessatti qubeessuun ni mul'ata. Harki namaa osoo hanga fedhe bareedee alangee hin fakkaatu alangeenis tokko hin ta'u.Garuu waa'ee bareedina harkashee ibsuuf jecha ol guddisee alngeetti fakkeessee ibse.Kun ammoo arbeessuudha.

Malli dubbii fuula 11 irraa fudhatame " Sarbaan ishee barbadaa fakkaatu" jedha. As-keessatti sarbaan ishee diimachuu danda'a. Garuu akka barbadaa ibiddaa sana diimachuun isaa nama shakkisiisa. Malli dubbii kunis tooftaa inni waa'ee sarbaa ishee ibsuuf jedhee barbadaa ibiddaatti fakkeesse.Arbeessuun mala dubbii waa tokko ol kaasanii ibsuudha.

Malli dubbii fuula 93 irraa fudhatame " guntunni ishee akka woraattii nama waraana " jedha. Hima kana keessatti mala ittiin guntuta ishee qoraattiitti ol guddisee ibse. Guntuni yoo qara ta'ee dhaabbateyyuu hanga qoraattii humna ittiin nama waraanu hin qabu. Malli kun arbeessuun mala ittiin ol kaasanii himanidha.

**3.1.4. Eemittii(Mithee)**

Amalli dubbii kunyeroo wantootni raawwataman lama eeyyeefi miti jedhamanii yaada itti kennuun danda'amuudha.Gama tokkoon dhugaa yoo tahu, gama kaaniin soba tahuu mala.

Fkn 1......*Diina isaatti lubbuu hora(fuula:52)*

*Fkn 2....Qaamakoo malee lubbuun koo na keessa hin jiru.(fuula:120)*

Malli dubbi fuula 52 irraa fudhatama *Diina isaatti lubbuu hora* jedha.Hima kana keessatti namni tokko diina waliin tahee sabasaa, biyyasaa miidhuu danda'a, gargaarsa gama hundaan gochuu danda'a. kun dhugaa lafa jiruudha.Garuu lubbuu uumuu hin danda'u.Kun soba tahuu isaati.Kanaaf himni kun mala dubbii Eemmiitii jenna.

Malli dubbii fuula 120 irraa fudhatame *Qaama koo malee lubbuun koo nakeessa hin jiru jedhu* ragaa Eemiitii taha.As keessatti namni tokko wayita tokko yaadaan fagoo deemee, waantota adda addaa yaadaa.Yeroo kana bakka jiruufi haala keessa jiru dagachuu danda'a.Kun dhugaadha.Garuu lubbuufi foon gargar jiraachuu hin danda'u.Kanaaf soba taha kun ammoo Eemiitii isa jechisiisa.

**3.1.5 Nameessuu**

Nameessuun waantota amala dhala nama hinqabneef kennuudha.Bineensota,bineeldoota, meeshaaleen mana keessaa yeroo akka namaatti dalaganiifi dubbataan jechuudha.

Fkn***1****...Halkaaniifi guyyaan nagaa walfuudhaniiru.(fuula:8)*

*Fkn 2...Waraabessi akkuma gaabbuuf yaadan wal mormeetti...Hamm! godhe siiqimsa jedhe.(fuula:25)*

*Fkn 3 ...Simbirroo hidhii nuuf xuuxu.(fuula:102)*

*Fkn 4 ...Tamboon akka urgooftuu narraa weeddisa.(fuula:119***)**

Malli dubbii fuula 8 irraa fudhatame *Halkaniifi guyyaan nagaa waalfuudhaniiru* jedha.Hima kana keessatti halkaaniifi guyyaan namaamiti, garuu waan dhalli namaa raawwatu nagaa walgaafatu.Nagaa walgaafachuun alama dhala namaati.Askeessatti amala dhala namaa fuudhanii halkaaniifi guyyaaf laatan.Kanaaf malli dubbii nameessuu jira.

Malli dubbii fuula 25 irraa fudhatame *Anaa Waraabessi Hamm! godheen siliqimsaa* jedhe waraabessi akka namatti waan dhalli namaa jedhu jedhee hin dubbatu, yeroo waa nyaatu sin nyaadha jedhee osoo hintaane, caallisee raawwata.Amala kan qabu dhala namaati.Kanaaf waraabessi akka namaatti yeroo dubbatu amala namaa gonfachuu isaa agarsiisa.

Mallidubbii fuula 102 irraa fudhatame *Simbirroon hidhii nuuf xuuxan* jedha.Hima kana keessatti Simbirroon namaaf jettee hidhii xuuxxee hin gadditu.Garuu sinbirroo akka namaatti namaaf gadditu gochuun dhiyaateera.Kunis amala namaa gonfachiisuudha.

Malli dubbii fuula 119 irraaa fudhatame *Tamboon akka urgooftuu narraa weeddisa*jedha.Akkaragaan kun himutti tamboon amala dhala namaa kan ta'e weeddisuu fudhateera.Silaa kan weeddisu dhala namaatti.Tamboon foolii ni kenna garuu afaan ittiin weeddisun hin qabu.Kanaaf amaalli dhala namaa tamboof kennameera.

**3.2 Jechoota Ergisaa**

Jechoota ergisaa jechuun jechoota afaan maddaa keessa hin jirre yemmuu dhufanii afaan kanatti dabalamanidha.Ergifachuun immoo amala afaaniiti.Kanaaf jechoonni afaan biro keessa gara afaan kanatti dhufan as keessatti argamu.

Fk*n1... firdi (fuuula:8)*

*2. Shamizii(fuula:11)*

*3.Short answer, abaaboo(fuula:15)*

*4.Hagre Hiwoot(fuula:30)*

*5.Naziret,Debrazayit, Addis Ababa, Collective,Xaqilay,gizaat(fuula:35)*

*6.Tribe(fuula:38)*

*7.Kinshing, Clan, racist stale, troblist state(fuula:39)*

*8.Flag stale, gosanya, institution, heritage(fuula:41)*

*9.Inter connected, detached, nugusa negastize Itophiya gosanya ye gosaa polotika arramagooch(fuula:42)*

*10.Amara hizib kebene shangul, ke Gurra farda telenaa qeelee, funa qalaman(fuula:43)*

*11.Elites, Few socialist(fuula:46)*

*12.Dajjazmaach, Shalaaqalaman.(fuula:51)*

*13.Televazyiinii.(fuula:56)*

*14.Eregibu(fuula:64)*

*15.Solo oromo singer, Ethio stars(fuula:67)*
*16.Music theory(fuula:68)*

*17.African merit Award, Children education fund.(fuula:69)*

*18.Min yet litte ednew(fuula:114)*

### ***3.2.1.*** **Jechoota Ergisaa Afaan Amaaraa keessaa fudhataman**

Jechoonni Afaan Amaaraa keessaa ergifatame akka armaan gadiitti dhiyaatanii jiru.

*HagreHiwoot(fuula:30)*

*Naziret,Debrazayit,AddisAbaba,Collective,Xaqilay,gizaat(fuula:35)*

*Gosany(fuula: 41)*

*NugusanegastizeItophiyagosanyayegosaapolotikaarramagooch(fuula:42)*

*Amarahizibkebeneshangul,keGurra farad telenaaqeelee,funaqalaman(fuula:43)*

*Dajjazmaach,Shalaaqalaman.(fuula:51)*

*Eregibu(fuula:64)*

*Minyetlitteednew(fuula:114)*

Yaadonni armaan olitti tarreeffaman kun asoosama "Lookoo"keessaa waraabaman. Isaanis jechoota Afaan Amaaraa keessaa fudhatame. Jecha Hagre Hiwot, Nazirat, Dabre Zayit jedhan yoo ilaalle, moggaasa alagaan erga Oromiyaa weerartee booda magaalota akka Ciroo, Adaamaaf Bishooftuuf kennamedha. Jachoonniifi biraa ergifataman yoo ilaalle hima fuula 42 nugusa negagastize Itoophiyaa gosanya yegosaa polotikaa arramagooch" jedha. Yaadni kun asoosama "Lookoo" keessaa fudhatame. Barreessaan asoosama kanaa jecha warri yeroo sana Oromoon jechaa turan agarsiisuuf jedhee itti gargaarame. Kallattii gargaaramun isaa barreessaan afaan ergisaatti gargaaramu akka qabu isa jedhu agarsiisa.

Yaadni biraa Afaan Amaraa keessaa ergifatame(fuula:43) irraa fudhatame, Amara hijib Kebene Shangul ke gurra farda telenaa qeelee, funa qalaman  jedha. Yaadni kunis waa'ee  sabaa Amara dubbata. Jechi barreessan itti gargaarame afaan madda keessaa dhibee miti. Garuu Taatee bara sanaa Oromoo irra gahaa ture ibsuuf jedhee kanatti gargaarame.

Afee (fuula:51) irrraa fudhatame,  Dajjagmach, Shalaaqaa, Qanyamaach " jedhantuu Afaan Amaraa keessaa ergifatame. Maqaaleen kunneen bara biyyi Itoophiyaa sirna mootiin bulaa turte keessa namootaf akka aangootti kennamee ture. Namni maqaa kana qabu, akka gooftaatti ilaalama.Aangoon isaanii garuu asumatti wal caala. Dajjagmach"angoon Shalaaqaafi Qanyamach" nis caala.

**3.2.2 Jechoota Afaan Ingilizii keessaa fudhatame**

*Fkn1. Tribe (fuula: 38)*

*2. Kinshing, Clan, racist stale, troblist state (fuula: 39)*

*3.Flag stale, institution, heritage (fuula:41)*

*4.Interconnected, detached (fuula: 42*

*5. Music theory (fuula: 68)*

*6 .African merit Award, Children education fund.(fuula: 69*

Jechoonni, gaaleewwaniifi ciroowwan armaan olitti argaman asoosasama Lookoo keessaa fudhataman.Afaan maddaa isaa afaan Ingilizii yommuu tahu, Afaan Oromoo keessattia dhufanii galaniiru. Gara hiikaa Afaan Oromootti wayita deebisnu, jechi tribe jedhu kan fuula 38 irraa fudhatame Afaan Oromootiin gosa isa jennuun wal madaala. Haaluma kanaan jecha clan jedhus yoo ilaalle, qomoo isa jedhuun wal madaala. Jechoonni kun lamaan baayyee adda addumma hin qaban. Garuu hiikni isaanii itti dhiyeenya ilaalalamuu gaafata.Yeroo baayyee jechoota kana lamaan akka jecha tokkootti wayita ilaalan argina.Kun ammo hiikka sirrii isaanii hubachuu irraa madduu mala.

Gaalee flag state jedhu fudhannee yoo ilaalle, flag jechuun alaabaadha. State jechuun bulchiinsa. Haaluma kanaan alabaa bulchiinsaa kan jedhuun wal fakkata. Bulchiisni tokko kan biyyaa, addunyaa akkasumas qoodaminsa hawaasa garaagaraa keessatti kan argamu waan taheef, alaaba matasaa qabaachuun barbaachiisaadha. Haaluma kanaan jechi kunis waahee bulchiinsaa agarsiisuuf barreessaan asoosama kana dhimma itti baheera.

**3.3.FayyadamaMammaaksaa**

Mammaaksifayyadamaafaaniikeessaatokkota'ee,dhimmatokkogabaabsaniihubachuufkangargaarudha.Keessumattuubarreeffamaogbarruutokkokeessattidhimmika'umammaaksanyoowalmakedubbisaansalphaattiergaaasoosamasanaahubata.Akkasumasyeroodheerafosoohindagatiinsammuudubbisaakeessattiwaanfakkiikaasuufturtiiumriidheeraaqaba.Kanaafuumammaaksiasoosama"LOOKOO"keessattihaalandhimmaittibahameera.Isaanisbifaarmaangadiikanaanka'aniiru.

*Fkn1...Bofni biyyee wajiin, namni biyyaa wajjin. (fuula:9)*

*Fkn2...Kan abbaarraa beeku budaadha.(fuula:13)*

*Fkn3...Wanqeeen harkaa qaban dhagaadha.(fuu'a:17)*

*Fkn4...Maqaa baduu mannaa, mataan baduu wayyaa.(fuula:30)*

*Fkn5...Harreen gita gitaan walqoqorti.(fuula:71)*

*Fkn6...Baraaf murxuxxee qolatanii  jala darbu.(fuula:116)*

*Fkn7...Niitiin kee hin ulfoofte jennaan eenyuun dhiira goote jedhe gowwaan.(fuula:126)*

Mammaaksi (fuula:9) irraa fudhatame *"Bofni biyyee wajjin namni biyyaa wajjin* " jedha. Hiikni mammaaksa kanaa waan hundi akkaata gita gita isaa jiraata akka jechuuti uummanni qofaa jiraatu hin jiru.Bofillee biyyee firoomfatee, biyyee nyaatee jiraata.Kanaaf namni jiraachuuf nama isa barbaachisa.

Mammaaksi (fuula:13) irraa fudhatame " *kan abbaarraa beeku budaadha* " jedha. Kana jechuun yoo nama tokko gorsanii dadhaban waan siif tahu situ beeka kanaaf kan waa'ee kee beeku sidha waan ta'eef akka barbaadde tahii jedhan dhiisuudha.

Mammaaksi (fuula:17) irraa fudhatame *Warqeen harkaa qaban dhagaadhan''* jedha. Mammaaksi kun namni yeroo waan qabu kunuunsuu, eeguu seeraan itti gargaaramuu akka qabu akeekkachiisa. Warqeen mi'a gati jabeessa kan qaalii ta'edha. Dhagaan garuu bu'aa qabaatus hamma warqii sana hinga'u sababni isa lafarratti bakka heedduutti argama waan ta'eef.

Yaadni mammaaksa (fuula: 30) irraa fudhatame *Maqaan baduu mannaa, mataan baduu wayya* jedha. Mammaaksi kun namoota harrumeef mammaakama.Isaa har'aa waan garaa malee waan maqaa itti hin dhaga'amne gorsaaf. Garaaf jedhanii waan boor seenaan isa gaafatu hojjetaniif akka gorsaatti tajaajila.

Mammaaksi (fuula 72) *Harreen gita-gitaan walqoqorti*.` jedha. Mammaaksi kun waa'ee gitaa haasa'a. Namni hojii hojjetu, dubbii dubbatu, waan godhu hunda isaa keessatti gita isaa wajjin raawwachuu akka qabu agarsiisa. Hiriyummaa kan sadarkaa walfakkaatu keessatti walitti dhufaan. Waa'ee hariiroo walfakkaataa dubbata.

Mammaaksi biraa (fuula:116) irraa fudhatame "*Baraafi murxuxxee itti qolatanii jala darbu* " jedha mammaaksi kun mammaaksa duraan baraafi murxuxxee gad-jedhaanii dabarsu isa jedhu faalleessa. Namoonni wayita waan rakkisaan namatti dhufuu akka obsaan dabarsaniif akka gorsaatti itti tajaajilama turan.Haata'u malee sodaa fakkaata, waan argameef baraaf murxuxxee qolatanii jala darbuutt jijjiirame. Yaadni kun namoota waan itti dhufu hunda tole jedhaniin fudhataniif akka gorsaatti sirrii mitii, namuu falmachuu qaba kan jedhuu fakkaata.

"*Niitiin kee ulfooftee jennaan eenyuun dhiira goote* " jedhe namichi (fuula:126) Akka yaada mammaaksa kanaatti wayita abbaan mana abbaa manummaa isaa tuffate gad of-buusee miira gad-aantummaa of ilaaluu argina. Mammaaksi kun karaa tokkoon gowwummaa yoo agarsiisu,

kallattii biraan miira gad-aantummaa agarsiisa. Namni silaa ofitti boonee jiraachuu kan qabu, akka namatti kabajamee jiraachuu kan maaluu, garuu gad-aantumman jiraata. Yaadni kun ani waa godhuu hin danda'u akka jechuuti.

### 3.4.Jechamoota

Fkn1 ...Onnee jaldeessa (fuula: 14)

Fkn 2 …Adda waraanaa (fuula:18)

Fkn 3 …Hantuuta galaana seente(fuula:21)

Fkn 4 … Ija fageessee ilaalu (fuula: 25)

Fkn 5 … Gara laafetti(fuula:26)

Fkn 6 … Gurra qaru (fuula:27)

Fkn 7 … Dhiiga keenya miitii (fuula:45)

Fkn 8 … quba walhinqabne (fuula:48)

Fkn 9 … Karaa qaxxaamuraa (fuula: 51)

Fkn 10 … Qarriffaatti walbaachuu (fuula:52)

Fkn 11 … utuu lukkuun surree hin hidhetin (fuula:106)

Fkn 12 … Dugda natti gateera (fuula:113)

Fkn 13… Fira bofaa (fuula:117)

Jechamoonni armaan olii asoosama "Lookoo" keessaa fudhataman. Haaluma kanaan jechamni (fuula: 14) irraa "onnee jaldeessa" jedha. Jaldeessaa jechudhan. Hawaasnis jiruufi jireenya isaa keessatti waan kana ibsuuf (nama lugna ta'e ibsuuf ) jechama kanatti dhimma baha. Jechama " Adda waraanaa " jedhu addi qaama yoo ta'u waranni lola. Gaaruu, jechamni kun qaama namaa bu'uureffatee dhiyaatee jira. Adda waraanaa jechuunis dirree duulaa yookiin dirree waraanaa jechuudha.

Jechamni (fuula: 21) irraa fudhatame "Hantuuta galaana seente" jedha. Hantuutni xiqqoodha gaafa galaana seente daraan xiqqaattee baafuu yeroo kanas namni tokko waan duraan jirurraa hiri'ate akka jechuutti.Kunis sababa sodaafi naasuun ta'uu male. Kanaaf barreessaan kun bineensofa bu’uureffata jechamatti dhimma baheera. Kanas waan hawaasichi jedhu irra ka'ee itti gargaarame.

"Ija fageessee ilaalu "(fuula: 25). Jechamni kun asoosama "Lookoo" keessaa fudhatame. Haaluma kanaan, barreessaan waan hawaasni qaama bu’uureffate jedhutti gargaarame " Lookoo" keessatti barreesseera. Kana jechuunis ija qaama miirati iji hundii walqixe hin ilaalu.Ilaalu wayita jennu, waa akeekuu akka jechuuti. Namni nama ta'uus mul'ataafi akeeka isaa dheeressee haala wal fakkaatuun kan ilaalu hin jiru. Ija fageessee ilaaluu jechuunis kan galma fagoo akeekuu jechuudha.

Ragaan (fuula:52) irraa fudhatame "Qarriffatti walbaachuu" jedhe. Jechamni kun kan hawaasni wayita namoonni waa'ee waliin haasa'an walhamatan, waliif hamaa yaadan agarsiisudha. Namni waa'ee namaa haasa'uun haamaa waliif yaaduun silaa waliif gaarii gochuufuu irra tola.Garuu faallaa isaa hammina waliif dalaga.

Mammaaksi (fuula:117) irra fudhatame. Fira boofa" jedha. Bofti kan summii facaasuu, bineensa hammaadha. Nama biraatti immoo diina.Namni wayita waan diina ta'e waan hamaa ibsuuf jedhu bofatti fakkeessa. Haaluma kanaan , fira bofa jechuun hiika fira bofa jechuun hiika fira diinaa jedhu bakka bu'a.

# BOQONNAA AFUR:

## CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaa kana jalatti cuunfaan qorannoo kanaa, argannoofi yaboon walduraa duubaan dhiyaataniiru.

### 4.1. Cuunfaa

Qorannoon kun hojii kalaqaa Beekan Gulummaa kan tahe, asoosama Lookoo irratti adeemsifame. Qorannichis akkaata mataduree filatamee kaheen, asoosama kana irratti fayyadama afaanii irratti qorannoo geggeeseera. Qorannoonkun kan dhiyaate boqonnaa afuuriin wayita tahu, boqonnaan tokko seensa. As jalatti ariirrata qorannoo, kahumsa qorannoo.Kaayyoo qorannoo, faayidaa qorannoo, daangaa qorannoo, hanqina qorannoofi malleen qorannoo dhiyaataniiru.Boqonnaa lammaffa sakkataha barruu qorannoo kannan wal qabatan yaada namootaa giddu galeessa godhatee dhiyaate jira.Boqonna sadaffaa keessatti bakka ragaan itti xiinxalame yemmuu tahu, boqonnaan xumuraa yaada walii galaa.Waan qorannoo kanarra argameef yaada furmaata qorattuun akeektetuu argama.

Haaluma kanaan qorannoon kun kayyoowwan gooree afur qabatee dhiyaateera. Isaan keessa tokko malleen dubbii yookin dubbii qolaa asoosama kana keessatti barreesan dhimma itti bahedha. Malleen dubbii kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan naannoo isaarrara kahuun, namoota, waantotaafi waan itti dubbachuu barbaade mara ittiin ibsudha. Kanaas isa tokko misan kaan cinaa qabuun wal madaalchisee dhiyeessa.Isaan kaan ammo waan biraan bakka buusee ibsa.Kan amala dhala namaa hinqabnes, amala akkuma dhala namaatti waan dhalli namaa dalaguu dandahu, yaaduu dandahuufi dubbachuu dandahu godhee agarsiisa.Dabalataniis, kaan ol guddisaani waan inni hinqabneen yemmuu dhaadessan, tokkommoo gadi buusuun ibsu. Isaan kun hundi qorannoo kana keessatti maqaa ittiin beekaman waliin ibsamaniiru.

Akkuma ollaan waa waliirra ergifatu afaan tokkos afaan biraarra waan ergifatu qaba.Ergifachuu dandahuun immoo amaloota afaanii keessaa tokko. Afaan kan ergifatu afaan dhiyeenya lafaan naannoo isaatti argamu irraa yemmuu tahu. Afaan hiddi latiinsa isaanii walitti dhiyaatu yookiin akan tokko tahe oirraas ergifachuu ni dandaaha. Haaluma kanaan qaamni afaanitti garagaaramu

tokko sababa garagaara irraa kan kahe afaan birroorraa jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergifata.

Hawaasni jiruufi jireenya jiraatu keessatti afoolatti guyyuun nigargaarama.Mammaaksi immoo addatti dubbii fiduufis tahe dubbii fixuus akka meeshaatti gargaara.Keessaattu wayita jaarsummaa mammaksii faayidaa guddaa qaba.Saba Oromoo biratti immoo mammaksi akka gorsaatti, akka akkeekkachiisutti. Akka onnachiisutti, akka dammaqsuufi maqsuutti ni gargaara.

Kana malees, hawaasni jiruu guyyuu keessatti yeroo baayyee waan tokko wayita ibsuu barbaade cinaa qabee waan naannoo isaatii argamuu kanneen akka bineeldotaa, qaamaa namaafi uumaama biroon walbira qabee ergaa isaa dabarfata.Jechamni kunis sadarkaa jechaa eegalee hanga sadarkaa himaatti deemuu dandaha.

### 4.2. Argannoo

Qorannoon tokko wayita geggeeffamu kaayyoo deebisuuf qabatee kahu qaba.Haaluma kanaan qorannoon kunis kaayyoo gooree isaa irratti hundaahe, argannoon armaan gadii argamaniiru.

- Qorannoo kana keessatti malleen dubbii akkasaa. bakkasaa, nameessuu, eemittii, arbeeessuun ni argamu. Haaluma kanaan wantoota argeefi taajjabe akkasumas, waan hawaasichi gamanuma dhimma itti bahuu irratti hundaahu barreessan asoosama Lookoo barreesseera.
- Jechoonni afaan maddaa yookiin Afaan Oromoo keessa hinjirre asoosama kana keessatti ni argamu. Keessattu jechoonni Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii keessaa ergifatee barreessan asoosama Lookoo itti gargaaramee jira. Jechoonni kunis, irra caalaa jechoota waa’ee sabaafi warren aangoo qabaan itti fayyadamaa turanfi ittiinwaamamaa turan agarsiisa.
- Mammaaksonni qabiyyee gorsuu, akeekkachiisuu, onnachiisuufi dammaqsuu agarsisaan asoosama Lookoo keessatti ni argamu.
- Barreessaan asoosama Lookoo jechamoota sadarkaa garaagarattia argaman kan hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti itti gargaaramutti dhimma bahuun barreesseera.

## 4.3 Yaboo

Asoosamni kun waa’ee jiruufi jireenya dhala namaa kallatti garaagaraan agarsiisa. Keessattuu kan dargaggoota Oromoo dhiibbaa siyaasaa, dinagdeefi hawaasumman rakkatanii agarsiisa. Namni gara fuula duraatti asoosama kana irratti qorannoo geggeessu yoo jiraate,

1. Kallattii fayyadama afaanii keessaa gama xiinqooqaan yoo qorate gaarii taha.
2. Gama ogbarruun keessatti caaccuulee asoosamaa jiraan keessaa tokko filatee yoo irratti qorannoo geggeesse mijataa ta’a jedheen yaada.
3. Kallatti yaaxinalee qeeqa ogbarruu yoo qorate/qoratte mijataa fakkaata.

**Wabiilee**


Addunyaa Barkeessaa. (2018). *Seemmoo: Bu'uura Barnoota Afaaniifi Afoolaa*. Finfinnee

……………….......... . (2012). *Natoo: Yaadrimee Caas-luuga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Efficient printing press.

Ayyaantuu Abiraam. (2009). "Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Hiree Jal'ate.Waraqaa qorannoo digrii Tokkoffaa Guuttachuuf Muummee Afaan Oromoo, Obarruufi Fookloorii Yuunvarsiitii Finfinneef dhiyaate."(waraqaa qorannoo hin maxxanfamiin)

Beeka Gulummaa. (2015). *Tujuba*. Finfinnee: Ellenni PPLC.

...........................(2015).*Lookoo*. Finfinnee: Ayana PP.

Dastaa Dassaaleny. (2020). Bu'uura Qorannoo. Finfunnee:Bole Printing Press.

Fedhasaa Taaddasaa. (2017). *Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo*. Finfinnee: Elsabaa printing press.

Harry Shaw. (1992). *Dictionary of Literary Terms.* New York: Mc Grow Hill Book Campany.
Jaalalii Hayiluu. (2002). "Xiinxala Fayyadama Afaanii Asoosama Yaadanii. Waraqaa Qorannoo digirii Baachilaarii Gaattuchuuf Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii Yuunvarsitii Addis Ababaaf Dhiiyaate''. (waraqaa qorannoo kan hin maxxanfamiin)

Jaarra Wasaneefi Wasanee Baashaa. (2008). *Bantuu Haaraa: Caasluuga Ogbarruu Afaan Oromoo*. Finfinnee: ......

O'Grady, W, and Dobrovoky, M. (1996).*Contemporary Linguistic Analyis, and Introduction*. (3$^{rd}$edt). Tronto: Copo Clark LTD.

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani baratаan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaannee, ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaa dubbisee hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin nan mirkanneessa.

Maqaa Qorataa/ttuu: ............................................................

Mallattoo: ...............................................................................

Guyyaa: ....................................................................................

Maqaa Gorsaa: .........................................................................

Mallattoo: ...............................................................................

Guyyaa:.....................................................................................